# Afrikaa Kibbaatti ayyaanni guyyaa WBO bifa miidhagaa fi haala adda ta'een kabajame

**(Madda Oduu ABO/MOA/Amajjii 16, 2013)** Akka kanaan gaafa 13/01/2013 magaalaa guddittii Afrikaa Kibbaa Johannesburg keessatti ammaan dura bifa muldhatee hin beekneen guddinaan kabajamee jiraachuu gabaasi naannicha irraa nu gahe addeessa.

Guyyaa kanarratti miseensoonni, deeggartoonni fii hawaasni Oromoo dhiraa dhalaan, xiqqaa guddaan osoo hin hafiin uffata aadaa fii T-shirtii faajjii ABO fi barruulee maqaa WBO qabdu uffachuun ayyaana WBO kabajame haalaan miidhagsuun lammiilee Oromoo yeroo gammachiisan diinni qabsoo Oromoos hanguma kana rifaatuu guddaa keessa akka buute gabaafama.

Guyyaa kana jala bultii isaa irraa kaasuun konkolaattota alaabaa ABOn miidhagsuun magaalaa Johannesburg Oromiyaa fakkeessanii turan. Ayyaana kanarrai argamuu miseensoonni, deeggartoonnifii hawaasni O romoo lafa fageenya kilomitrii 200 fii 1000 geeysurraa dhufanii fageenyi karaa adda nun kutu guyyaa seena qabeessa kana waliin kabajuu irraa kan jedhu hujiin mirkaneessanii jiran.

Ayyaanni kuni gaafa 13/01/2013 sa'aatii 1:00 pm irratti walitti dhufuun eegalamee sa'aatii 2;30 pm irratti jalqabame. Sagantaan eebba manguddootiin eegalamee yaadannoo jaallawwan kufaniif daqiiqaa tokkoof olka'uun yaadatan.Faaruu alaabaa tiis qeerransoo umriin isaa waggaa 15 gadii kan taheen dhihaattee manni guutuuniis waliin olka'uun jalaa qabuun faaruu alaabaa faarfatan, Sagantaan itti fufuun walduraa duubaan manaaf ibsoonni adda addaa gara koree qindeessituutii fii bakka bu'oonni konyaalee adda addaa, bakka bu'oota manguddootaa,

Haawwanii, Shamarranii fii Dargaggootaa tiin ibsame. Akkasuma tarkaanfii WBOn biyya keessatti fudhachaa jiruu fii viidiyoon WBO daawwatamtuun hamileen hirmaattoota guyyaa kanaa kan bakka sunitti argame hedduu kan olkaatee fii onnachiifte tahuun beekkame. Kana booda Gumaacha addaatu WBOf gumaachamuu jalqabame. Gumaacha kanarratti hirmaatoonni ayyaanichaa anaatu dura kannaan wal dorgommii hiriyaa hin qabne taasisuun maallaqa biyya Afrikaa Kibbaa guddaa gumaachaniijiran. Gumaacha kana akka fakkiitti namoonni 3 maaqqala biyya Afrikaa kibbaa 20,000, 15000, 10,000 wal duraa duubaan gumaachuun murannoo fii jaalala WBO fii ABOf qaban ibsanii jiran. Kana malees warri yeroo lama lama deebi'ee gumaacha duraan kannan dabalaniis ni jiran.Caalbaasiiniin dhihaachuun namni tokko suuraalee jeegnootaa caalbaasiif dhihaatte maallaqa biyya Afrikaa Kibbaa 5500 bitate.Caalbaasiin bittaa alaabaatiis dhihaachuun namni 20,000gumaacha addaa godhee ture alaabaas nan dabartu jechuun maallaqa biyya Afrikaa Kibbaa 2400 bitate.

Walumaa gala gumaacha addaa WBOf, Caalbaasii fii gurgurtaa adda addaa irraa guyyaa ayyaana WBO kanaaf maallaga biyya Arikaa Kibbaa kuma dhibbaa fii dhibba sagalii fii saantiima torba( 100907) Raandii biyya afrikaa kibbaa galii QBOtiif tahamee jira. Guyyaan guyyaa gammachuufii yaadannoo seena qabeessa tahee ooleera Johannesburg keessatti. hirmaattoonni ayyaanichaatiis tokko tokkoon gammachuu isaanitti dhagahame olka'uun waltachiirratti yaada isaanii ibsatanii jiran. Wa'ada isaani haaroomsuun QBO tan ABOn hoogganamtu jalatti hiriiranii daran WBO jabeessuuf waan irraa eeggamtu guchuun qabsoo kan finiinsa tahuus hubachiisanii

jiran. Eega hirmaattoonni yaada isaanii kannatan booda warra gummaacha WBOtiif qooda guddaa laatan baa\dhaasni addaa laatamuu fii sagantaaniis eebba manguddootiin akka raawwatamtu taasifamte. Guyyaan WBO kan bara 2013 kuni Johannesburg magaalaa guddittii biyya Afrikaa kibbaa miidhagsuunmagaalaa Oromiyaa Finfinnee bilisoomte fakkeessee ooleera.

I.U.Of!!